# Mana Hojii Abbaa Alangaa Godina Jimmaa.

## Odeffanoo Dhimmootaa Hariiroo Hawaasa dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuu ilaalchisee Aangoo fi gahee hojii mana hojii Abbaa Alangaa Godina Jimmaa.

Adeemsaa Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasa MHAAGJtin Qophaa'ee

**Bitootessa 2013**

**Jimmaa Oromiyaa**

https://youtu.be/0glebW9EFh8

## Mana Hojii A/A/Godina Jimmaatti Odeeffannoo tajaajila

Dhimmootaa Hariiroo Hawaasa dantaa ummataa fi mootummaa kabachiisuu ilaalchisee Aangoo fi gahee hojii mana hojii Abbaa Alangaa

| T. L | Aangoo fi Gahee Hojiin | Ulaagaalee Guutamuu Qaban |
|---|---|---|
| 1 | Manneen hojii fi dhaabbilee misoomaa mootummaa (jaamiyaalee ummataa ) tiif gorsaa seera ni kennaa | - Gaafiin gorsaa seeraa qaamaan bilbilaan barreffaman poostaadhaan ykn imeeliidhaan dhiyaachuu qaba<br>- Gaafii dhiyaateef odeeffannoo dabalataa fi ibsaa kennuu qaba |
| | Manneen hojii fi dhaabbilee miisomaa mootummaa (jaarmiyaalee ummataa) bakka bu’e<br>- Himataa hariiroo haawasaa ni hundeessaa ni falma deebii ni kennaa<br>- Dhimmoota falmiin jalqabamee gidduu seennuun ni falma<br>- Murtii kennamee bu’uuraa seeraatiin ni raawwachiisaa | - Waajjiraa ykn dhaabbataa miisomaa mootummaa gaafii dhiyeessee irra ijoo dubbii dhimmichaa raga qabataamadhaan deeggaruun xalayaan seeraa qabeessaa ta’e qaamaan dhiyaachuu qaba<br>- Himatamnii waraqaan waamichaa kan isaan gahee yoo ta’ee yeroo sa’atti 24 keessatti mana hojichaatti beeksiisuu qabu,<br>- Gaffii dhiyaateef odeefannoo dabalataa fi ibsaa kennuu qaba. |
| 2 | Waliigalteewwan mana hojii fi dhabbataa miisomaa motummaa qaama biro waliin taasiisaan irratti<br>- Seera qabeessuumaa isaan ni xinxulaa<br>- Gorsaa fi deegarsaa seera ni kennaa<br>- Wixinee waligaltee ni qopheessaa<br>- Waliigaltee ni gulaala | - Waajjiraa ykn dhabbataa miisomaa motummaa gaafii dhiyeessee irra xalayaa seera qabeessaa ta’ee dhiyaachuu qaba<br>- Qaamni gaafii dhiyeessuu odeefannoo dabaalataa gaafatamuuf ibsaa kennuu qaba<br>- waliigalteen akka gulaalamuuf gaafiin kan dhiyaatuu yoo ta’e wixineen isaa hard copy fi soft copy dhaan dhiyaachuu qaba<br>- Ragaalee murteessoo taniin deeggaramee dhiyaachuu qaba.<br>- Tajaajilii barbaadamuu gorsaa seera qofaa yoo ta’e dhimmichi eegama kaayyoo aangoo fi gkahee hojii mana hojii mootummaa gaafii dhiyeessee faana kan walqabatuu ta’uu qaba. |
| 3 | Waldiddaa hariiroo hawaasa manneen hojii ykn dhabbilee miisomaa mootummaa gidduutti uumaman ilaalchisee<br>- Dhimmichi mana murtii ykn mana murtiin ala mala birootiin akka furamu ni murteessaa<br>- Rawwii isaa ni hordofaa ni mirkaneessaa | - Waajjirri ykn dhaabbannii waldiddaan karaa mana murtii ykn mala biroon akka hiikamuuf barbaadu barreeffaman gaafichaa xalayaan deeggaruun dhiyeessuu qaba |
| 4 | Namootaa himannaa hariiroo haawaasaa banachuuf ykn falmachuuf human dhaban keesumayyu<br>- Dubartoota da’immaan<br>- Qaama midhamtoota fi<br>- Manguddoota bakka bu’ee ni falma akka falmamu ni | - Ragaa harkaa qalleeyyii ta’uu/haala isaanii ibsu/ganda keessaa jiraatu irraa dhiyeeffachuu qabau<br>- Dhimmichaa irraa dantaa kan qaban ta’uu raga gahaa dhiyeessuu qabu<br>- Falmiin akka gaaggeeffamuuf fedhii qabachuu isaa |

| | | |
|---|---|---|
| | taasisa Gorsaa seera nio kenna | foormii qophaa'e irratti mallateessuu qaba |
| 5 | Namootaa gochaa yakkatiin miidhamani himata hariiroo hawaasa dhiyeeffachuu fi falmuuf human hin qabne gorsaa seera ni kenna bakka bu'ee<br>- Beenyaa akka argatan himanna ni dhiyeessaa<br>- Ni falma ykn walta'insaa ni taasiisa | - Ragaa harka qalleeyyii ta'uu/haala isaanii ibsu/ ganda keessaa jiraatu irra dhiyeeffachuu qabu<br>- Dhimmichaa irra daantaa kan qaban ta'uu raga gahaa dhiyeessuu qabu<br>- Falmiin akka gaggeefamuuf fedhii qabachuu isaa foormii qophaa'e irratti mallateessuu qabu |

Mana Hojii Abbaa Alangaa Godina Jimmaa

Lakk bilbilaa 0471118971/0471110484

በጅማ ዞን አቃቤ መስርያ ቤት

Adeemsaa Hojii Dhimmoota Hariiroo Hawaasa

---

የፍትሐብሔር ጉዳዮች የስራ ሂደት

Dhimmoonni Hariiroo Hawaasa dantaa ummataa fi manneen hojii mootummaa dhabbilee misoomaa mootummaa jaarmiyaalee ummataa namoota harka qalleeyyii ta'anii akka kabajamuuf labsii lakk 214/2011 bahe labsii lakk 236/2013 foyyaa'een bahee tumameera

Manni hojii Abbaa Alangaa fi caasaalee isaa sadarkaa sarkaan

- Manneen hojii mootummaa

- Dhaabbilee miisoomaa mootummaa

- Jaarmiyaalee ummataan

- Namoota harka qalleeyyii ta'ani deeggarsaa adda isaan barbaachisummaa keessummatiyyuu dubartoota da'immaan qaama miidhamtoota fi maanguddoota kan ta'aniif

1. Tajaajilaa gorsaa seera ni kennaa himannaa ni dhiyeessaa,gudduus ni lixaa deebii ni kennaa,dhorkii nu baasiisaa,ni falmaa,murtii ni raawwachiisa.

2. Wixinee waliigaltee manneen hojii mootummaa fi jaarmiyaalee ummataa ni gulaala ykn ni qopheessa

3. Waldiddaa yoo uumamee Addemsaa mala filannoo biroon hiikuu kuniis

Waldiddan manneen hojii mootiummaa gidduutti ykn mana hojii mootummaa fi nama/qaama biro giddutti yoo umamee dhimmichaa gara mana murtiitti dhiyeessuun duratti.

Waldiddan manneen hojii mootummaa giddutti ykn mana hojii mootummaa fi nama/qaama birpp gudduutti yoo umamamee dhimmichaa gara mana murtitti dhiyeessuun duraatti.

- Mala waliigaliinsaatiin (Negotiation)
- Mala waltaasiisuun ykn araaraatiin (mediation)
- Mala jaarsummaatiin (Arbitration)
  Fayyadamuudhaan waldhabdeen akka hiikamuu taasiisuudha.

1.1 Ulaagalee qaamni tajaajila gorsa seera argachuu barbaaduu guutuu qabu

- Dhimmicharraa dantaa/mirgaa qabachuu isaa raga agarsiisuu dhiyaachuu qaba.
- Ragaa nama fi sanada dhimmichaa mirkaneessuu danda'uu dhiyaachuu qaba.
- Namni harkaa qalleessaa ta'e raga hiyyummaa mana murtii hawaasummaa gandarraa dhiyaachuu qaba
- Dubartotni daa'immaan qaama miidhamtootni maanguddootni qabeenyaa qabaatanillee qabeenyichaarratti ajajuuf haala hin dandeenyee irra

jiraatuu isaani raga agarsiisuu gandarraa yoo dhiyeetatan tajaajila argachuu ni danda'u

- Garuu gochaa yakkaatiin miidahaan qaama cimaan irra dhaqqabee ragaa hiyyumaa agarsiisuu dhiyeefachuuf hin dirqaman

1.2 Ulaagaalee wixinee waliigaltee manneen hojii mootummaa gulaaluu ykn qopheessuu ilaalchisee guutamuu qabu

- Waliigaltee manneen hojii mootummaa barreefaman qophaa'ee dhiyaachuu qaba.
- Qabiyyee waliigaltichaa ergama,kaayyoo aangoo fi gahee mana hojichaatiin waliitti hin buunee fi safuu hawaasa hin tuqinee ta'uu qaba.
- Ragaalee sandaa barabaachiisoo ta'anii hundaa waliin walqkabatee dhiyaachuu qaba.
- Waliigaltichii gulaalamuu ykn qophaa'ee laakkofsaa guyyaa mallattoo hoogganaa ykn I/A/hoggannaa fi caappaa mana hojichaa qabachuu qaba

1.3 Dirqama fi itti gaafatamummaa manneen hojii mootummaa jaarmiyaalee ummataa fi namootni harkaa qalleeyyii dhimmaa hariiroo hawaasarratti qaban

- Ragaa mana hojii A/A hojii jechaa gaafatee kamiyyuu dhiyeessuu qaban
- Qajeelfkama mana hojii Abbaa Alangaa irra hojiif jechaa kennamuu raawwachuu qaban
- Waraqaa waamichaa himatama (de/kennaa) fi raga nama dhaqqabsiisuu qaban
- Manneen hojii mootummaa deegarsaa konkolataa bobba'aa baasii adda addaa barbachiisuu fi
- Kaffalitti durgoo raga battoota baasii fi kasaraa falmii keessatti mudatuu hundaa haguuguu qaba.
- Namootni harka qalleeyyii ta'ani ilaalchisee kaffalitti abba seerummaa fi kasaraa murtee manni mjurtii garee abba mirgaatiif dhummarratti murteessuun alaati
- Baasii fi kasaara falmii keessatti muddamuu goonkumaa kaffaluu kan hin dandeenyee ta'ee yeroof mana hojii A/Alangaatiin haguugamee dhummarratti hundi isaa heerregamee kazeenaa mootummaatiin galii taasifama.

Hojiiwwan tajaajilaa A/Alangaa hin kenninee

- Dhaabbataa amantaa dhaabbataa siyaasaa yookiin paartii
- Dhaabbataa idila adduunyaa
- Afooshaa fi waldaa qabiyyee isaa aadaa fi amantaa ta'aniin alaatti

Galatoomaa

Dantaa Mootummaa fi Ummataa

waliin taanee Hakabachiifnuu